

Vaayirasii paapiloomaa namaa (HPV) fi talaallii HPV

HPVn maali?

HPVn vaayirasii baramaa ta'edha.

HPVn yeroo walqunnamtii saalaa tuttuqii gogaan dadarbuu danda'a.

Namoonni saalqunnamtii raawwatan baay'een isaanii jireenya isaanii keessatti dhukkuba HPV ni qabaatu.

HPVn namoota saala hundaa fi amala saala irraa dhufan hundaa miidha.

HPV yeroo baayyee mallattoo kan hin qabnee fi uumamaan qaamaan kan qulqullaa'udha.


Yeroo tokko tokko yoo qulqullaa'uu hin dandeenye HPVn kaansarii dabalatee dhukkuboota fiduu danda'a.

HPVdhaan qabamuu dandeessa:

- yeroo duraa qunnamtii saalaa raawwattu
- yoo hariiroo saal-qunnamtii nama tokko qofa waliin qabdu keessa jirta ta'e
- yoo yeroo dheeraaf saalqunnamtii hin raawwanne ta'e.

Talaalliin HPV kannen armaan gadii ittisa:

- Kaansarii gadaamessaa 90% ol
- kaansarii HPV waliin walqabatan baay'een kan akka kaansarii hudduu, buqushaa, qunxurroo, Alaa buqushaa fi qoonqoo
- kormommuu qaama saalaa.



Eeenyutu talaallii HPV fudhachuu qaba?

Talaalliin HPV nama Awustiraaliyaa keessa jiraatu kan umrii waggaa 9 hanga 25 gidduu jiru hundaaf ni gorfama.

Talaalliin HPV kun namoota dhukkuboota HPV waliin walqabatan qabamuuf carraa guddaa qabaniif, kanneen akka namoota HIV waliin jiraatan, gareewwan dandeettii dhukkuba ittisuu isaanii haalaan hir'atee fi dhiirota dhiirota waliin saalqunnamtii raawwataniif ni gorfama.

Talaalliin HPV tolaa?

Talaalliin HPV kun Sagantaa Talaallii Biyyaalessaa jalatti namoota umriin isaanii 12 hanga 25 ta'aniif bilisa.

Talaalliin HPV tola tahullee, tajaajila gorsaaf ni kafalama. Warra tajaajila talaallii siif kennan waliin maryadhu. Yoo umuriin kee 25 ol ta'e, ykn kaardii Medicare hin qabdu ta'e, talaallii HPV tiif kaffaluun si barbaachisuu danda'a.

Talaallii HPV eessattin argachuu danda'a?

Daa'imman Awustiraaliyaa umuriin isaanii waggaa 12 hanga 13 ta'e talaalliin HPV mana barumsaa keessatti akka tajaajila bilisaa mana maree naannootiin geggeeffamutti ni kennamaaf.

Akkasumas talaallii HPV kilinika hakiimaa, dhiyeessaa talaallii naannoo fi manneen qorichaa tokko tokko irraa argachuu dandeessu.

Namooniihedduun doosii meeqa barbaachisa?

Irra hedduun manaa doozii HPV tokko qofa barbaadu. Namoonni dandeettii dhukkuba ofirraa ittisuu isaanii gadi aanaa ta'e doosiin sadii barbaachisuu danda'a, kunis gara ji'a jahaa keessatti kennama.

Talaallii HPV osoo na jalaa darbe hoo?

Yoo ati ykn daa'imni kee talaallii kana irraa hafte, karaa tajaajila talaallii mana maree naannoo, doktora ykn manneen qorichaa tokko tokkotti hanga waggaa 25tti bilisaan argachuu dandeessa.

Waa'ee talaallii HPV gaaffii yoo qabaattan, caalaatti baruuf hakiima keessan ykn tajaajila talaallii naannoo keessanii waliin haasa'aa.

Talaallii HPV fudhadheen ture yoo tahe akkamittiin beeka?

Talaalliin HPV Galmee Talaallii Awustiraaliyaa (AIR) irratti galmaa'a. Ibsa seenaa talaallii kee akkaawuntii toora interneetii Medicare kee irratti karaa MyGov argachuu dandeessa ykn hakiima kee ykn dhiyeessaa talaallii kee akka si ilaalu gaafachuu dandeessa.

Talaallii HPV yoo fudhattellee, Qorannoo Sakatta'iinsa Fiixee Gadameessaa yeroo hunda gochuu qabda

Talaalliin HPV gosoota HPV kaansarii fiixee gadameessaa fiduu danda'an hunda irraa hin eegu.

Qorannoon Sakatta'iinsa Fiixee Gadameessaa HPV jiraachuu isaa kan ilaalu yoo ta'u, namoota kaansarii fiixee gadameessaatiin qabamuuf saaxilaman adda baasuu danda'a.

Waggaa shanitti al tokko Qorannoo Sakatta'iinsa Fiixee Gadameessaa gochuu qabda yoo:

- dubartii ykn nama fiixee gadameessaa qabduu taatee
- Umrii waggaa 25 hanga 74 gidduu jiraatee fi
- **Yeroo kamiyyuu** nama saala kamiyyuu waliin walqunnamtii saalaa raawwattee beektaa taanaan.

Odeeffannoo dabalataaf: www.cancervic.org.au/cervical daawwadhaa